Qajeelfama Qorattootaaf

Barruulee Qorannoo Erguu

Waraqaan qorannoo qorataa yookaanqorattuurraa fuudhamee xalayaa wajjin ‘e-mail’ dhaan gulaalaatti/tuutti ergamuu qaba. Waraqaan qorannoohaala milkaa’aa ta’een erga ergamee booda sa’aa 72keessatti simatamuusaa (milkaa’uusaa) qaama ergame sanaaf beeksifama. Waa’ee jornaalichaa akkasumas akkaataa qophii waraqaa qoraannoosaanii ilaalchiseeqorattoonni gaaffii yoo qabaatan dhuunfaan osoo hintaane, karaa‘e-mail’tiin ibsamuu qaba.

Afaan Oromoo afaan hojii jornaalichaati. Barruulee qorannoo gara Oromoo kanatti ergamanis kanaan duraa hinmaxxanfamneefi biraa irraattis maxxansaaf hinergamne ta’uu qaba.

Qorattoonni hojii qorannichaakeessaa qoodaqaban hundi qorannoo ergame keessatti eeramuunsaanii mirkanneeffamuu qaba. Barruun qorannoo maxxansaaf hinmilkoofne deebi’ee qorattootaaf hinkennamu. Qorattoonni waraqaa maxxansaaf ergan hunduu qajeelfamootajornaalichaa simachuun dirqama.

Qophii Barruulee Qorannoo

I. Waraqaa Qorannoo MaddaJalqabaa(original)

Waraqaaleen Qorannoo Jornaalii kanaarrattimaxxanfaman marti Afaan Oromootiin barreeffamu. Bal’inni waraqichaa A4(8.27” *11.69”) irratti gurguddinni qubeesaa waalta’aa (12)n walirraa siqeenyi keeyyattoota himoota gidduu jirulama (double-spacing), daangaa karaa bitaafi mirgaa (margins) kana jechuun,fuula jalqabaa yookaan matadureerraa kaasee yoo xiqqaate 1” (2.5) qophaa’an qaba. Sararoota daangaa keessa jiraniifjalqaba barruurraa kaasee walittii fufiinsaan lakoobsi kennamuufii qaba.

Bifa qubeessuu‘Times New Roman’guutummaa barruu qorannoo sanaa keessatti haala walfakkaatuun fayyadamuun dirqama. Qorattoonni guutummaa waraqaa qorannoosaanii keessatti akkaataa (style)Jornaaliin Qo’annoofi Qorannoo Oromoo fayyadamu hordofuun dirqama.

Adeemsa simannaafi calallii keessatti, qorannoon kamiyyuu simatamuuf AfaanOromootiin barreeffamanii seera afaanichaa, aadaa, duudhaa,safuufi eenyummaa hawaasichaa kan eegan ta’uu qabu. Kanneen Afaan Oromoo sirriitti hinbeeknes qorattoota Afaan Oromoo qunnamuun haaldureejornaalichi barbaadurratti akka singargaaran gochuun furmaata ta’uucimsinee isin hubachiisna. Waraqaan qorannoo dhiyaatus duraa duuba armaan gadii of keessatti hammata:

1. Mataduree
2. Axareeraafi jechoota ijoo
3. seensa
4. malleen
5. Xiinxala Ragaalee
6. Argannoo
7. Goolaba
8. Wabiilee
9. Gabatee yookaan fakkilee (yoo jiraate)

1. Mataduree

Guutumaan mataduree barruu qorannichaa, maqaa qorattootaa, dhaabbata keessaa dalagaanniifi ‘e-mail’ qoratichaa/ttittii keessatti hammachiifamuun dirqama. Matadureen(Title case) hanga guddina qubee 11 furdaa (**bold**) yoo ta’u qubeewwan jalqabaa jechootamatadurichaa qubeeguddaadhaan barreeffamuu qabu. Matadureen gara bitaarraa xiqqoo gara gidduutti siquu qaba.

Qorattoonni maxxansa biyya keessaaf yoo ta’edursa maqaasaaniittiaansee kan abbaasaaniibarreessuun dirqama.Maxxansa biyyaalaaf garuu maqaa abbaasaaniidursuun maqaasaanii itti aansuun barreessuu qabu. Maqaalee kabajaa barreessuun hinbarbaachisu.

2.Axareeraafi jechoota ijoo

Yeroo hundumaa fuulli lammaffaan Axareeraafi jechoota ijoo qabata.Axareeraan jechoota 400kan hincaalleen duraa duubasaa eeguun ka’umsa, barbaachisummaa, malleen,argannoofi goolaba qorannichaa haala ifaata’een dhiyeessuu qaba. Jechoonni ijoon yookaan gaaleewwan gaggabaaboon3 hanga5 ibsaaf tolan axareeraajalatti tarreeffamu.

Jechoota hubachuuf rakkisoo ta’aniifikanneen baay’ee beekamoo ta’an barreessuurraaof qusachuun barbaachisaadha. Bakka barbaachisaa ta’etti gulaaltonniutuu qorattoota hingaafatin jechoota ijoo akka sadarkaajornaalichaaf malutti sireessuu nidanda’u.

3. Seensa

Seensi kan ofkeessatti qabachuu malu seenduubeeyaada matadurichaa, yaada ka’umsaa,kaayyooleefi daangaa qoranichaa ta’a.

4.Malleen

As jalatti mallen qorannichi ittiin hojjatametu ibsama.

Yaaxxinaalee faayidaarra oolan, haala ifaa ta’eefi hubatamuu danda’uun ibsuun dirqama. Malleen dhimma itti bahamanismadda tokkoffaa (original source)qofarraa fudhatamuuqabu.Ibsichi haala amaniisaata’uu danda’uun barreeffama. Malleen akkamtaa yookaan hammamtaa keessaa odeeffannoo xiinxaluuf kan dhimma itti ba’ame mullifamuu qaba.

5. Ragaalee xiinxaluu

As keessatti ragaalee argamantu xiinxalamu. Ragaaleen qorataan sakkatta’ee argateefi akkamiin akka xiinxale asitti mul’ifama. Innis ifaafi gabaabaa ta’uutu irra jira. Kutaan kun gaaffileebu’uraa ka’umsa qorannichaa deebisa.Barreeffamichi duraafi duubnisaa eegamee barreeffamuutu irraa eegama.

6. Goolaba

Goolabni yaadagabaabaa ofdanda’e yookaan qaama kutaaxiinxala ragaafi argannoo cuunfee dhiyeessudha. Goolabaafi argannookutuma tokko jalatti dhiyeessuun fudhatama qaba. Argannoowwan ifaafi gabaaboo ta’uu qabu. Sunis kaayyooleerratti bu’uuru.

7. Wabiilee

Maddoonni qaama barreeffamichaa keessatti wabeeffatamaniwabiilee keessatti hammatamuusaanii kanneen wabiilee jalatti tarreeffamanis qaama barreeffamichaakeessatti wabeeffatamuusaanii

mirkaneeffachuunis dirqama.Maddoonni hinmaxxanfaminiifi waliin haasaan dhuunfaatarreeffama wabeeffannaa jornaalichaahordofuun dirqama ta'a. "Kan hinmaxxanfamin" jedhamuun *agarsiifama. Wabeeffannaan haala 'APA style' hordofa.*

Unka WabeeffannaaKeessoo Barreeffamaatti

1. Barreessaan/ttuun qeenxee/tokkoo;
   Maqaa barreessaa/ttuufi bara maxxansaa
2. Barreessitootaa Lama:

Maqaa barreessitootalameeniif bara maxxansaa

3. Barreessitoota sadiifi sanaa ol

Maqaa barreessaa /situu jalqabaa, itti aansuun gaalee" kaawwan jedhu luuccessuun (*italics*) barreessuufi bara maxxansaa kaa'uudha.

Unka kutaa wabiilee keessaattii

Wabiileen hundi tartiiba qubeetiin tarreeffamuu qabu. APA style hordofuun dirqama.

Artikilii

Rampton, B.(2007). Neo-Hymesian Linguistic Ethnography inthe UnitedKingdom.*Journal of Sociolinguistics, 11*(5) 584-607.

Dhaabbata akka Barreessaatti

Ethiopian, Ministry of Education, National Education and Training Policy. (NETP) (1994).

Waraqaa /Boqonnaa kitaaba keessaa

Davies B.,&Harre, R. (1999).Positioning &Personhood.In, R,Harre& L. Van Langenhoven(Ed.).*Positioning Theory* (pp. 32-52). Blackwell.

Kitaaba

Cope,B., & Kalantzis, M. (2002).*Multiliteracies: literacy learning and the design of social futures*. New York: Routledge.

Waraqaa Qorannoo

Toleera Galataa (2008).*Qoqqoodinsa loogota AfaanOromoo. Waraqaa qorannoo PhDYuunivarsiitiiWallaggaa*: Naqamtee.

Fuula Marsariitii

Fuulli kun barreessaa, mataduree, Odeeffannoo dabalataa, guyyaa jornaalichi maxxanfame (yoo barbaachisaa ta'e), toora marsariitii jornaalichi irrattiargamu of keessatti qabata.

Fakkiileefi Gabateewwan

Fakkiileefi gabateewwan jornaalichairratti argamu lakkoobsaan tarreeffamuun tokkoon tokkoonsaanii fuularratti argamanwaliin adda baafamuun kaa'amuu qabu.

A.Gabateewwan

1. Tarreeffamni gabateewwanii ibsamuu qaba.
2. Gabateewwan ofiisaanii kan of ibsaniifi waan barreeffamaan jiru irra deebiin kan hinibsine ta'uu qabu.
3. Gabateewwan dalgee 10fi olee25ii ol yoo qabaatan fudhatama hinqaban.
4. Gabateewwaniif lakkoobsi nikennama. Kunis, tartiiba duraa duubummaasaaniitiin ta'ee mataduree ifaan tokkoo tokkoosaaniif kennamuu qabu.
5. Ibsawwan miiljaleenmallattoowwan kanneentartiibaan fayyadamuudhan dhiyaatu
    a. Isaanis,*, +,=,**,++,++/kanneenidha.
6. Ibsawwan barbaachisoon mataa gabatichaarraosoo hintaane miiljalee kaa'amuu qabu.
7. Gabaajeewwan waaltawoo hintaane kanneen gabatee keessatti fayyadamameef miiljaleetti ibsakennuun barbaachisaadha.
8. Gabateewwan guutummaatti ergifataman, madaqfamaniifi jijjiiramaniif eyyama qabaachuun dirqama.
9. Gabateewwan furtuu qaban dhuma barruu irratti wabiilee boodaan dhiyaatu
10. Gabateewwan lakkoobsasaanii wajjin dhiyaachuu qabu.

B.Fakkiilee

1. Barreeffamnisuuraalee ibsamuu qabu.
2. suuraaleen fe'amuuf qophaa'an unka JPEG tiin ta'uu qabu.
3. Fakkiileefi suuronni walitti xiqqeeffamuu qabu.
4. Suurawwan tartibuma barruu keessa kaa'amaniin duraa duubaan lakkoobsi kennamuufii qaba.
5. waraqaa mallattoodhaaf wayiirratti maxxanfamu,lakkoobsonniifi mallattoolee ifoofi hangaan walqixa ta'uu qabu.Barreeffamoonni suuraalee ibsuuf barreeffaman dalgeedhaa gaditti guddifamanii akka mul'atanitti barreeffamuu qabu.
6. Mallattoolee, xiyyaalee yookaan qubeewwan suura keessatti argaman ifnisaanii guutuu ta'uufigarduubee ifaa ta'uu qabu. Akkasumas bareedaafi ifa kan dabarsu (suuraan kan jalaan argamu) ta'ee barreeffamuu qaba.
7. Matadureewwaniifi ibsi gadii fagoon furtuu keessa jiran ibsa waliigalaa keessatti dhiyaatu malee ibsa qofaatti hinqabaatan.
8. Giraafinnoofi suuraawwan biroon bifa lakkoofsaan yeroo dhiyaatan, wantisaan irratti hundaa'an dhiyaachuu qaba.
9. Yoo suura namootaatti fayyadamne eyyama barreeffamaan fudhachuun dirqama ta'a.
10. Suura kanaan dura wanta biraarratti maxxanfamu yoo ta'e madda duraa sana galateeffachuufi eyyama barreeffamaa galchanii gaafachuudhaan itti gaafatamummaa mirga abbummaa irra eyyama gaafachuun barbaachisaadha.
    Hub: Jornaalichi suuraawwan xiqqeessee kutuu, naannessuu, hangasaa hir'isuu yookaan guddisuufi hanga barbaadame taasisuuf mirga qaba.

Yaadota Namootarraa Kennaman

Qorannoon dirree akkaataa ragaa arganneen adeemsa qorannoo hordofee ibsamuutu irra eegama. Barreessitoonni dirree murtaa'aa ta'erratti hindalagne garuu hojii haaraafi Argannoo hawwataa ta'e kana qaban yoo ta'e bifa barnootaaf ta'uun maxxansuu/barreessuu nidanda'u. walumaagala yaadonni shan hubatamuu qabu.

1. **Ilaalcha si'anaa/Ammee:** Artiikiloonni kunneen odeeffannoofi yaadota kallattii ammaafi dhimmoota mataduree qorannoofi yaaxxinnaalee haaraa dirree qo'annoorra jiran ibsa.
    - Axareeraa: jechoota 250
    - Jechoota ijoo: jechoota 3-5
    - Qaama barruu isa guddaa: hanga fuula 20 kan ta'e
    - Wabiilee: yoo xiqqaate 10
2. **Yaada gadi fagoo:** matadureen sun dhimma hanga ammaatti hinibsamin uwwisuu qaba. Dirree dhimma haasa'amuu tokkorratti maree gadi fagoon akka gaggeeffamuuf fulcha akka kennu eegama.
    - Axareeraa: Jechoota 350
    - Jechoota ijoo: 3-5
    - Qaama barruu isa guddaa: hanga fuula 40 tti
    - Wabiilee: yoo baay'ate 110
3. **Yaada sakatta'iinsaa:** mataduree duraan hinlaalamin irratti kan xiyyeeffatu ta'ee sakatta'a cimaan kan irratti gaggeeffamuun dhiyaatudha.
    - Axareeraa: Jechoota 400
    - Jechoota ijoo: 3-5
    - Hanga fuula 70 tti qabatee kan jiru dubbii ijoo ergaa barreffamichaati.
    - Baay'ina wabiilee: ….320 kan qabate
4. **Yaada marii gabaabduu: (forum mini reviews):**Yaadni marii kun yoo xiqqaate jornaalii fuula 40 kan qabu ta'ee, yaadni marii inni of keessatti qabate mataduree yaada mariif adda ba'e ta'ee artikiliifi baafata kan qabateedha. Kana keessatti kan hammatamu:
    - Axareeraa: jechoota 200
    - Hanga fuula 15tti kan hamate Qabiyyee barreeffamichaa
    - Wabiilee: 30 hincaalle kan hamate
5. Yaaxxina haaraa: yaada sadarkaa addunyaatti haaraa ta'e beeksisuudha. Artikiliin bifa kanaan barreeffamus yaada haaraa, falaasamaafi aadaa Oromoo xiyyeeffatee qohaa'uun madaallii sirrii ta'een mirkanaa'a. Qabiyyee kana keessattis kan hammatamu:
    - Axareeraa: jechoota 250
    - Dubbii ijoo: 3-5
    - Hanga fuula torbaatamaatti kan hammatame ergaa ijoo barreeffamichaa
    - Baay'ina wabiilee: 300

Jornaalii kanarraas kan eegamu yaada marii maxxansa irrattiifi booda taasifama irratti haaromsaafi marii taasisa. Xalayaan barreessaadhaaf barreeffamus yaadaafi qulqullina Artikilii jornaalii kana keessatti maxxanfamu akka sirreessu mirkaneessa. As keessatti Barreessitoonni afur hirmaachuu danda'u.

Ilaalcha haaraa (Argannoo)

Tooftaa wanta haaraa ta’e tokko adda baasuun agarsiisudha. Argannoowwan haaraan kamiyyuu qo’annoo jornaalii kana jalatti barbaachisummansaa ni ibsama. Wanti ibsamuuf deemamu kunis wantoota barbaachisoon ta’anidha. Kana keessatti haalli ittiin ibsaman:

Jechoonnisaa 800 kanhincaalle, wabiilee 8 kan hammatu, gabatee lama yookaan fakkii lama kan hincaalleef; barreessaa afur kan qabate.

Jornaaliin kun: Boordii gulaaltotaa, gulaalaa olaanaafi gulaaltota gargaaroo of keessatti qabata.

Murtoo

Barreessaan barreeffama fudhatama argate fuula interneetii yookaan ‘e-mail’ nibeeksifama. Kana malees, kallattiiwwan garaagaraa dhimmoota barreeffama sanarratti irradeebiin ilaalamu qaban karaa marsariitii dhoksaa ta’een ni beeksisa. Sadarkaa kanatti, himoota jijjiiruuf itti dabaluun dhorkaadha. Akkasumas tutuqaaleen garaagraas hiika jechoota yookaan yaada fiduu waan danda’aniif tutuquun hindanda’amu. Jijjiirraa matadureefi akkasumas fuula sanarratti wantoonni barbaachisoon ta’an jijjiiruun yoo barbaachise kun kan illaallatu gulaaltota sana qofa. Qaamni jornaalii kana abbummaan maxxansiisuu ga’ee yookaan gaafatamummaa barreessitoonni hundi jijjiirraafi sirreeffama barreeffama kanarratti godhaman irratti waliigalussanii qulqulleeffachuu qabu. Barreeffamni maxxanssiisuuf barbaadame kun sa’aatii 48 keessatti deebi’ee maxxansaaf kennamuu qaba. Barreeffamni qophaa’e kunis kan kennamuuf itti gaafatamaa jornaalichaa qofaaf ta’a.

Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa

Jornaalii kana keessatti yaada dabaluun, hir’isuu yookaan yaada barreeffama barreessichaa gabbisuufi sirreessuu of keessatti qabata. Barruun barreessaa kunis dura maxxansaaf utuu hindarbin wantoonni sirreeffamuu qabaniifi gulaalamuu qaban gulaalaa olaanaadhaan yookaan gulaalaa waliigalaatiin sirreeffamanii, wanti sirreeffameefi keessaas hir’ate yoo jiraate sababa isaa ibsuun karaa toora interneetii yookaan karaa ergaa garaagaraa kan akka ‘e-mail’, xalayaafi suura waliigaltee uumameen, karaa gulaalaa dhimmicha hordofaa tureen barreessichaaf abbummaan eegamee maxxanfama.

Xalayaa Gulaalaaf

Jornaaliin kun sochiiwwan jiran hubachuun dhimma waraqaa maxxanfamu gulaalaaf xalayaa erga.Waraqaa maxxanfamu irratti barreessaa waliin haaromsaafi marii nitaasisa. Yaadaafi qulqullina artikilii maxxanfamuuf akka sirreessuuf barreessaaf ergama.

Walii Galtee

Barreessaafi dhaabbata jornaalichaa gidduutti waliigalteen nitaasifama. Kunis, Akkuma sirreeffamni adda addaa taasifameen osoo maxxansuuf hinergin dura mirgi maxxansaa barreeffamaan guutummaa guutuutti dhaabbatichaaf nikennama. Kunis waliigaltee barreessuun mallatteeffama.

Seera To’annoo Hannaa

Hanni hojii nama biraa eyyama tokko malee yookaan argannoo teekinooloojii barreessichaa osoo hinibsin akka hojii ofiitti fudhachuun waraqaa qorannoo ittiin dhiyeessuu yookaan fudhatanii waraqaa qorannoo dhiyeessuudha. Kanaaf, imaammanni qorannoo hannaa kun hojii akkasii kamiifuu karaa hinsaaqu.

Hojii akkasii toora interneetii E-mail: oromojornaal2017@gmail.com irratti gabaasaa!